**Yoo deebiin kee 'Eeyyee' ta'e gaaffiilee itti aananii jiran kam-iyyuu taanaan qaama Kunuunsa Fayyaa mucaa keetif kennu gaafadhu qorannoon Irsaasii kan dhiigaa akka taasifamuuf**

| | | |
|---|---|---|
| Eeyyee | Lakkii | Mucaan kee mana ykn iddoo oolmaa bara 1978 dura ijaarame keessa jiraata moo deddeebi 'eetu idileen do'ataa? |
| Eeyyee | Lakkii | Mucaan kee, maatii jiraatu keessaa, yookiin hiiriyaa wajjin taphatu keessaa kan dhibee Irsaasii tiif saaxila ba'e qabaa? |
| Eeyyee | Lakkii | Mucaan waantota nyaatamuuf hin malle, kan akka balfaa, barsii-halluu,boronqii, irsaasii-fakkii ittin kaasan, ykn Waantota muka irraa tolfaman in nyaataa/ afaan kaawwataa? |
| Eeyyee | Lakkii | Nama kamiin iyyuu haa ta'u, maatii keessaa kan hojii, idilee ykn idilee kan hin tain hojjetu keessa fedha Irsaasii gargaaramuu qabu jiraa? |
| Eeyyee | Lakkii | Mucaan kee filatamuuf ulagaa fiannoo kana kan guutuu dhaa, MinnesotaCare, ykn Medical Asasistance dhaaf? |

**Odeeffannoo qorannoo dhiigaa kan Irsaasii**

Namni dhimma kunuunsa fayyaa keettii irratti hojjetu dhiiga mucaaa keetiif qorannoo "lead" taasisuu danda'a.

Waa'ee "Lead" mucaa keetii akka itti sirriitti to'achuu dandeessu beekuuf odeeffannoo dabalataatiif Waajjira Fayyaa Uummataa kan Naannoo keetii quunnamuu dandeessa.

## WAAN DEGGERSA NAMAAF KENNU

Odeeffannoon dabalataa waa'ee "lead" fi akkamitti akka of eeggannoon manneen bara 1978 dura ijaaraman supphan/haaromsan, web-saaytii kana irraa ilaali:
http://www.health state mn.us/lead

Odeeffannoo waa'ee horgoggee fi wantoota daa'immaniif hoomishamanii gurgurtaa booda gabaa irra deebi'an baruuf marsariitii ilaali:
http:// www.cpsc .gov /Recalls/

MDH Minnesota Department *of* Health

Lead & Healthy Homes Program
Environmental Health Division
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975

Odeeffannoo dabalataaf karaa lakkoofsa bilbilaa kanaa nu quuannama'a maaloo
Bilbila 651-201-4620
Yookiin ammo mar-saritii keenya kana daawwadhaa:
http://www.health.state.mn.us/lead

Projektii kanaaf fundiin kun kan gad-dhiifame karaa CDC Grant CDC-RFA-EH14-1408PPHF14

Kan irra deebi'ame 12/2015

Lakkoofsa waantota keessaa #53607

# IJOOLLUMMAA IRSAASII (LEAD) WAAN TOKKOOF SAAXILA BA'UU

Daa'imni kee Haala balaadhaaf isaan Saaxilu irra jiruu?



MDH Minnesota Department *of* Health

## IRSAASII MAALII?

Irsaasii jechuun Sibiila ulfaataa kan qaama keessaa jiraachuu hinqabnee dha. Irsaasii qaama keenya keeessatti rakkoowwan fayyaa ulfaatoo ta'an kaasuu danda'a. Oduu gammachiisaa jiru saaxilamuu irsaasii irraa of-dhowwuun ni danda'ama.

## IRSAASII AKKAMITTIIN QAAMA KEESSA SEENUU DANDA'AA?

Dhibeen irsaasii haadha irraa gara daa'imaatti yeroo turtii ulfaa darbuu danda'a. Daa'imman kurkuroof kan xiqqoo of-baran addunyaa naannoo isaanii baruuf yaalii taasisu waantota garaa-garaa afaan isaanii keessa kaa'uudhaan, kun ammo balaa keessa isaan buusa awwaara liidii liqimsuudhaan.

Miidhaa kan hin geessifne sadarkaan Liidii dhiigaa hin jiru.

## BURQAA LIIDII WARRA BAAY'EE BEEKAMOO

Irsaasii beenzina yookiin halluu keessa hin jiru, garuu hanga ammaatti illee manneen dudulloomoo bara 1978 ijaaraman keessatti ni argamu, addumaan dibaa, hawwaaraa fi biyyoo keessatti.

Irsaasii hawwaaraa, yeroo ammaa kana ijoollota caalmaatti dhibee Irsaasii tiif saaxila kan baasee dha. Foddaa gara jelaatiin halluu Irsaasii of-keessaa qabuun dibame dibamee jiru banuu fi cufuun burqaa guddicha hawwaara Irsaasii ti. Hawwwaara Irsaasii ijoolloni gara keessaatti fudhachuu yookiin liqimsuu danda'u.

## DAA'IMMAN MIIDHAA IRRA EEGUU

- Yoo manni jireenyaa keessan bara 1978 dura ijaarame ta'e fi dibaan isaa tatarsa'eera ta'e eeggannaadhaan deebisaatii suphaa. Odeeffannoon dabalataa marsariitii MDHirratti argama.
- Harka ijoollee, fiixee xuuxxoo, fi hargoggee miicuu, yeroo baay'ee hawwaara irraa kaasuuf.
- Afaala jidhaadhaan haxaawame, iron foddaa fi bakkeen, iddoo ijoollonni taphatanii dha.
- Ijoollonni qooda bakka marga qabu irra taphatan iddoo xuraawaa dirree ta'e irra taphatuu.
- Yeroo gara manaatti ol-seentutti kophee kee baafachuu, dhibee Irsaasii isa biyyoo irraa kopheetti qabate hambisuuf.
- Bakka hojii keetti yoo waan Liidii qabu waliin hojjechaa oolta ta'e, uffata kee geeddarachuudhaan, shaawerii fudhadhuu osoo gara manakeetii hin deemin.

## MADDEEN BIROON

Karameellaawwanii fi horgoggeen biyya alaa irraa galfaman muraasni Irsaasii of kessaa qabu. Odeeffannoon dabalataa yoo isin barbaachise Damee Fayyaa Mineesotaa (Minnesota Department of Health, MDH) yookiin Komiishinii Nageenya Oomishaa Fayyadamtootaaf (Consumer Product Safety Commission, CPSC).

Meeshaa suphee oomishaamee fi ceramics irraa meeshaa harkaan hojjetaman tokko tokko kan Irsaasii calaqqisa isaanii keessatti qabatan jiru. Yoo Liidii of-keessatti hin qabaatu jette itti amante qofaa itti afeeluu yookiin nyaata keessatti kuusuui.

Tuubboon bishaanii muraasni Irsaasiif of keessaa qabu. Yeroo bantuu ujummoo bishaanii fayyadamtu dhugaatiidhaaf, waa afeeluuf yookiin daa'imaaf:

1. Yoo xinnaate sekoondii 60 f bishaan DILALLAA'AA utuu itti hin fayyadamin dhangalaasuu
2. Itti aansuudhaan ammo akka barbaachisummaa isaatiitti bishaan kana ho'isuu.



## TAAFEE DHIBEE IRSAASIIF SAAXILA BA'UU

- Kan sammuu, kale fi miidhama Tiruu
- Guddina suutee
- Qindoomina hir'isuu
- Amala dubbii ykn lola jaallatu
- Xiyyeffannoo kan bara turtii waan tokkoo hir'isuu
- Dandeettii waan tokko dafanii hubachuu yookiin beekuu hir'isuu
- Dubbisuu ykn rakkoowwan barnoota kan biroo

Ijoollonni warri dhibee Irsaasiif kanaaf saaxilaman yeroo baay'ee fayyaalessa fakkaatu.

Daandii tokkichi ittiin atii fimucaan kee dhibee Liidii kanaaf saaxila bahuu fi dhiisuu keessan ittiin beekuu dandeessan yoo qorannoon dhiigaa waa'ee Liidiitiif taasifamee qofaa dha.